PDF Compressor Free Version

# Og-Aartiiwwan



## Kitaaba Barattootaa

## Kutaa 1

PDF Compressor Free Version

## Barreessitoota:

Damee Tolinaa

Danda'aa Boggaalaa

Taaddasaa Dinquu

## Gulaaltota:

Kabbabuush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

Lubaabaa Jamaal

## Madaaltota:

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

## Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu

## Fakkibsa:

Buzaayyoo Girmaa

PDF Compressor Free Version

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa

PDF Compressor Free Version

# Baafata


**Qabiyyee** **Fuula**

**Barannoo 1: Hubannoo Og-Aartiiwwanii ------1**

1. Daawannaa ------------------------------------1

1.1.Ergaa Fakkiiwwnii --------------------------------1

1.2 Faaruu ---------------------------------------10

1.3 Suur sagalee ilaaluufi dhaggeeffachuu ------17

**Barannoo 2: Dandeettii Kalaqaa-------------23**

2. Miireeffachuun ibsuu -------------------------23

2.1 Gahee Maatii akkeessuu---------------------24

2.2 Sararoota sassararuun halleessuu ----------28

2.3 Faaruu maatii ---------------------------------37

2.4 Faaruufi Shubbisa rukuttaa salphaa --------42

**Barannoo 3: Haala Qabatamaa Seenaafi Aadaa------------------------45**

3. 1 Ogummaawwan Hawwaasaa ------------------45

3. 1. 2 Faaruufi Tapha ------------------------------52

3.1. 3 Oduu durii-----------------------------------57

3.2 Halluuwwan Naannoo --------------------------67

PDF Compressor Free Version

**Barannoo 4: Hawwannaa Og-Aartiiwwan -----73**

4. Taatewwan Aadaa Dinqisiifachuu -------------73

4.1 Faaruu maatiifi Shubbisa ------------------73

4.2 Gahee maatii bifa diraamaan ibsuu ---------75

4.3 Fakkii Maatii ----------------------------------79

**Barannoo 5: Hidhata Og-aartiiwwanii---------83**

5.1 Faaruu gareen faarsuun dandeettii sagalee uumamaa ofii guddifachuu --------------------83

5.2 Gareen Gahee Taphachuu--------------------92

5.3 Hariiroo, walitti dhufeenyaa fi hojiirra oolmaa iddoo seena qabeessaa ------------93

PDF Compressor Free Version

# Barannoo 1

## Hubannoo Og-aartiiwwanii

## 1. Daawwannaa

### 1.1. Ergaa fakkiiwwanii

#### 1.1.1. Fakkii Maatii

**Gaaffii hubannoo**

1. Fakkiin asii gadii kun miseensa maatii meeqa qaba?
2. Waantonni fakkii asii gadii keessatti argaman maal fa'i?



Maatiifi qe'ee isaanii

PDF Compressor Free Version

## Gaaffii hubannoo

1. Tapha asii gadii keessaa isa kam taphattee beekta?
2. Naannoo keetti taphoota akkamii taphatta?



Tapha shekkelloo




Tapha harkisa funyoo/haadaa

PDF Compressor Free Version



Tapha utaalcha funyoo/haadaa



Tapha harka walqabannaan taphatamu


PDF Compressor Free Version





Taphoota mana barnootaa keessaa

PDF Compressor Free Version



Yeroo daa'imman barsiistuu isaanii irraa gorsa fudhatan


## 1.1.2 Fakkii Mana Barnootaa

**Gaaffii hubannoo**

1. Maqaan mana barnootaa kee maal jedhama?
2. Mana barnootaa keessatti maal maaltu argama?

PDF Compressor Free Version





Daa'imman yeroo tapha garaagaraa mana barnootaa keessatti taphatan

PDF Compressor Free Version

## 1.1.3 Sochii Tiraafikaa

**Gaaffii hubannoo**

1. Daandii konkolaataa akkamitti qaxxaamurta?
2. Fakkii asii gadii ilaaluun daandii konkolaataa akkamittiifi eessaan akka qaxxaamuramu walitti agarsiisaa.



Daa'imman yeroo daandii konkolaataa qaxxaamuran


PDF Compressor Free Version





Daa'imman yeroo karaa qaxxaamuran

PDF Compressor Free Version





Daa'imman yeroo laga ce'an

PDF Compressor Free Version

# 1.2 Faaruu Dhaggeeffachuu, Ilaaluufi Faarsuu

## Gaaffii hubannoo 1

1. Faaruu nijaallattaa?
2. Faaruu akkamii faarsitee beektaa?




## Faaruu Tapha Ijoollee

Takkooyyee lamooyyee 2x
Lamaan qabi
Daabbaa darrabbaa
Kuleeyinaa kulaan kul
Goojjee gojjobee
Aaroo miiroo mixiriq.

PDF Compressor Free Version

# Faaruu Tapha Ijoollee



Uummoon maal baatti?

Qabduufi qarabaa.

Mormashee.........shaf

Mormashee.........shaf

Mormashee.........shaf

Mormake..........?



PDF Compressor Free Version

# Mana Barnootaakoo



Mana barnootaakoo
Iddoo ga'umsakoo 2x

Hedduun sijaalladhaa
Ani sirraan baradhaa 2x
Baay'ee natti toltaa
Nan qaba hiriyyootaa 2x

Barsiisaankoo dhufee
Barsiistuunkoos dhuftee 2x
Barachuu jaallannaa
Nu bor nama taanaa. 2x

PDF Compressor Free Version

# Faaruu Qubee Afaan Oromoo

## Gaaffii hubannoo

1. Qubee Afaan Oromoo faaruudhaan dhageessee beektaa?
2. Kan dura baratte hiriyyaakee yaadachiisuun gaara bareedaa asiin gadii irraa walduraa duuba isaanii ilaalaa faarsi.






PDF Compressor Free Version

## Gocha

1. Faaruu qubee Afaan Oromoo dhaggeeffachuun irra deddeebi'uun faarsaa




PDF Compressor Free Version

# Muuzii Babbareedduu

## Gaaffii Hubannoo


Lakkoofsaan maal lakkaawwannaa?





Muuzii babbareedduu 5 nan qabaa
Tokko keessaa nyaannaan 4tu hafaa
Muuzii babbareedduu 4 nan qabaa




Tokko keessaa nyaannaan 3tu hafaa





Muuzii babbareedduu 3 nanqabaa



PDF Compressor Free Version

Tokko keessaa nyaannaan 2tu hafaa

Muuzii babbareedduu 2 nan qabaa




Tokko keessaa nyaannaan 1tu hafaa

Muuzii bareedduu 1 nan qabaa




Ishumallee nyaannaan homtuu naa hinhafuu 3x

## Gaafii Shaakalaa

1. Faaruu faarsuu dandeessaniittuu?
2. Faaruu faarsuu kan durii caalaa jaallattaniittuu?

## 1.3 Suur-sagalee ilaaluufi dhaggeeffachuu

PDF Compressor Free Version



*Daa'imman faaruu dhaggeeffachuun gammachuun yammuu ragadan*

**Gammachuu yoo qabaatte**
**Gammachuu yoo qabaatte**
**Taphadhu**



PDF Compressor Free Version

Gammachuu yoo qabaatte

Gammachuu yoo qabaatte

Weeddisi

Gammachuu yoo qabaatte

Gammachuu yoo qabaatte

Shubbisi

## Shaakala 1.

1. Faruu asii gadii erga dhaggeeffattee booda, hiriyoota kee waliin taphadhu.



Faaruu miseensota maatii

PDF Compressor Free Version

## Faaruu asii gadii garee lamatti qoodamuun waljalaa fuudhaa faarfadhaa.

| Garee 1ffaa | Garee 2ffaa |
|---|---|
| Haadhaaf abbaa koo | Nan jaaladhaa |
| Obboleewwankoo | Nan jaaladhaa |
| Nagaaf jaalalaan | Na jiraadhaa |

| Garee 1ffaa | Garee 2ffaa |
|---|---|
| Warrikoo | Na guddisuu |
| Warrikoo | Na kuunuunsuu |
| Warrikoo | Na barsiisuu |

| Garee 1ffaa | Garee 2ffaa |
|---|---|
| Haati harmeekee maal sii taatii? | Akkoodhaa |
| Abbaan abbaakee maal siif ta'aa? | Akaakoodhaa |

| Garee 1ffaa | Garee 2ffaa |
|---|---|
| Wasilli/abbeerri eenyu? | Obboleessa abboodhaa |
| Eessumnikee hoo? | Obboleessa Aayyoodhaa |
| Adaadaan eenyu? | Obboleettii Abboodhaa |
| Eeshumeen keehoo eenyuu? | Obboleettii aayyoodhaa |

| Garee 1ffaa | Garee 2ffaa |
|---|---|
| Kun hunduu | Maatii keenyaa |
| Nu jaalatuu | Nijaalannaa |

PDF Compressor Free Version

## Shaakala 2.

1. Faaruu kana irraa waan baratte barsiisaa/tuu keetti himi.
2. Miseensota maatii kee hiriyoota keetti himi.



"Kophee Diimaa"

## Shaakala 3

Suursagalee asii gadii erga erga daawwaattee booda, waan irraa baratte barsiisaa/tuu keetti himi.

PDF Compressor Free Version



Daraartuun gorsa akkoo ishee dhagahuu diddee kophee diimaa kaawwattee fiigaa jirti.



PDF Compressor Free Version

Kophee diimdaan Daraartuu fudhatee bosonatti ishee galche.



## Gilgaala 1

1. Daraartuun gorsa akkoo ishee dhagahuu dhabuun rakkoo akkamiif ishee saaxile?

PDF Compressor Free Version

# Barannoo 2
# Dandeetti Kalaqaa

## 2.Miira ofii ibsuu

### Samii, Lafaafi Bishaan





PDF Compressor Free Version

# 2. 1 Gahee maatii akkeessuu


## Shaakala

1. Maatiin kee mana keessatti maal maal akka hojjetan barsiisaa/tuu keetti himi.









PDF Compressor Free Version







*Maatii hojii garagaraa hojjatan*

PDF Compressor Free Version

## 2.1.1 Uffannaafi haasaa maatii ofii akkeessuu



Uffannaa haadholii akkeessuu

**Shaakala** 2.


1. Uffata aayyoo keetii uffattee beektaa?

## 2.1.2 Uffannaa abbaa

PDF Compressor Free Version

### Shaakala 3.

1. Abbaan kee uffata akkamii jaalata?




**Akkaataa uffannaa, adeemsaafi haasaa**

Maatii keessanii akkeessuun hiriyoota keessanitti agarsiisaa.

PDF Compressor Free Version

## 2.2. Sararoota Kallattii Adda Addaan Sassararuufi Halluu Garagaraa Dibuu





Sararoota haala garagaraatiin sassararaman

PDF Compressor Free Version




Sararoota kallattii adda addaan sassararuun boca uumuu

## 2.2.1. Sararuu Shaakaluu

### Shaakala 5


Sarara dhaabbataa asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



PDF Compressor Free Version


## Shaakala 6

Sarara dalgee asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.




## Shaakala 7

Sarara shaffaxaa asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



## Shaakala 8


Sarara dambali'aa asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



PDF Compressor Free Version


## Shaakala 9

Sarara jajal'aa asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.




## Shaakala 10

Sarara geengoo asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



## Shaakala 11


Sarara mammaramaa asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



PDF Compressor Free Version

## Shaakala 12



Sarara golboo asii gadii dabtara kee irratti irra deddeebi'uun sarari.



PDF Compressor Free Version

## Gilgaala


Boca walfakkaatan walitti firoomsi.

| A | | B | |
|---|---|---|---|
| 1. |  | A. |  |
| 2. |  | B. |  |
| 3. |  | C. |  |
| 4. |  | D. |  |
| 5. |  | E. |  |
| 6. |  | F. |  |

PDF Compressor Free Version

## Shaakala 14


Boca asii gadii dabtara kee irratti erga wixintee booda halluu dibi.




PDF Compressor Free Version

## Shaakala 15

Boca asii gadii erga adda baafattee booda dabtara kee irratti wixinuun halluu dibi




1. Geengoo
2. Rog-sadee
3. Onnee
4. Iskuweerii
5. Molooloo
7. Urjii
6. Rektaangilii



PDF Compressor Free Version

## Shaakala 17

Boca manaa asii gadii dabtara kee irratti wixinuun halluu dibi.



PDF Compressor Free Version

## 2.3 Faaruu Maatii

### Gaaffii Hubannoo

1. Faaruu maatii eenyutu faarfata?
2. Miseensonni maatii keessanii yeroo faarsan dhageessanii beektuu? Sagalee isaanii tokko tokkoon fakkeessaa akkeessaa.

### Haadha Ofii Faarsuu

Haadhakoo dandeessuukoo
Suman yaada deesseekoo

Guddiseekoo dhugaa
Dhufeen si'arga

Naaf jiraadhu yeroo hundumaa
Sinjaalladha umphaa…<u>umphaa</u>2x



PDF Compressor Free Version

## Gocha

Faaruu Haadha ofii armaan olii sagalee keessan akka abbaa, haadhaafi ijoolleetti jijijjiiruun faarsaa wal dhageessisuun taphadhaa.

## Abbaa Ofii Faarsuu

Abbaakoo danda'aakoo
Siinan boona gootakoo

Guddisaakoo isa dhugaa
Dafee dhufeen si'argaa

Naaf jiraadhu yeroo hundumaa
Sinjaalladha umphaa..umphaa 2x



## Gocha

Faaruu abbaa ofii asii olii sagalee keessan akka abbaa, haadhaafi ijoolleetti jijijjiiruun faarsaa wal dhageessisaa.

PDF Compressor Free Version

# Faaruu Obboleewwanii

## Gaaffii hubannoo

1. Obboleewwan dhiiraafi dubaraa qabdaa?
2. Mana barnootaa dhufuuf qophii akkamii taasistu?
6. Faaruu obboleessakoo jedhu faarsitee beektaa?




Obboleessaako 2x
Rafteemoo 2x
Bilbillii bilbilame 2x
Ka'ikaa 2x
Lalalalala....



Tole nan ka'a 2x
Harka dhiqadhee
Fuulas dhiqadhee

PDF Compressor Free Version

Cireekoo nyaadhee
Gara mana barnootaa
Nan deemaa 2x



Obboleettiiko 2x
Rafteemoo 2x
Bilbillii bilbilame 2x
Ka'ikaa 2x

Lalalalala....

Tole nan ka'a 2x
Harka dhiqadhee
Fuulas dhiqadhee
Cireekoo nyaadhee

PDF Compressor Free Version

Gara mana barnootaa
Nan deemaa 2x



# Faaruu Maatii



Miseensonni maatii
Abbaafi aayyookooti2x

PDF Compressor Free Version

Obboleessas qabaa
Obboleettiis qabaa2x
Firoottanis jiru
Dhugaan walgargaaru 2x

## 2.4 Faaruufi Shubbisa rukuttaa salphaa waliin

| Gaaffii hubannoo |
|---|
| 1. Shubbisa shubbistee beektaa? |
| 2. Shubbisa akkam akkamii beektaa? |

## Faaruu aadaa shubbisa salphaa waliin

Faaruu asii gadii gareen geengoo uumuun harkaafi dibbee rukutaa sosocho'aa taphadhaa





Yaa quruphee koo

Quruph

PDF Compressor Free Version

| | |
|---|---|
| Maaluma hojjettaa | Quruph |
| Garbuun hammacaa | Quruph |
| Mee naaf hammaari | Quruph |
| Harka na guba | Quruph |
| Bishaan firfirsi | Quruph |
| Bishaan hinjiru | Quruph |
| Bu'ii waraabi | Quruph |
| Warri na'ajjeesuu | Quruph |
| Warri eessa jiru? | Quruph |
| Mana duuba jiru | Quruph |



| | |
|---|---|
| Maal hojjetu? | Quruph |
| Mucaa taphsiisu | Quruph |
| Aannan obaasu | Quruph |
| Obsaan guddisu | Quruph |

PDF Compressor Free Version

Qubee barsiisu Quruph

Ofdandeessisu Quruph.......

## Gocha

Shubbisa dura beektan keessaa tokko filachuun dabaree dabareen harka rukutaa agarsiisaa.

Walumaa galatti Faaruulee aadaa keessan calaqqisiisu faarsuun keessan akka aadaa keessan jaallataniifi kabajan isin taasisa. Akkasumas maatii faarsuun keessaniin jaalalli isin maatii keessaniif qabdan ni cima.

PDF Compressor Free Version

# Barannoo 3

# HAALA QABATAMAA SEENAAFI AADAA

## 3.1 Ogummaawwan Hawaasaa

### 3.1.1 Hojii Harkaa

**Gocha 1**

Hojiiwwan harkaa naannoo keetti hojjataman argitee beektaa? Yoo argite waan beektu dareetti himi.

Ogummaa hawaasaa jechuun ogummaa hawaasni naannoo tokko jiraatu wantoota jiruufi jireenyaaf barbaachisu harkaan bocuun hojjetuudha. Fakkeenyaaf, supheerraa gaanii, hubboo, xuwwee, jabanaa, eeleefi kanneen kana fakkaatan hojjachuudha fa'i.

PDF Compressor Free Version




## Gilgaala 1.

Naannoo keetti meeshaaleen nyaata ittiin bilcheessan kan supheerraa hojjataman hiriyyoota daree keetti himi.

Ogummaan hawaasaa kan biroon, uffataa hojjachuudha.

Fakkeenyaaf, bulluukkoo, wandaboo, kutaan jirbii irraa kan hojjetamaniidha




Meeshaalee hodhaan hojjetaman kanneen akka gundoo, hinqibii, elmtuu, gingilchaa, irboo, leemmatii,

PDF Compressor Free Version

agalgilii, jaaloofi kan kana fakkaatantan migiraafi hidda garagaraa irraa hojjetamu.





Meeshaaleen mukarraa hojjetaman kanneen akka siree, ulee, cufataa balbala manaa, teessoo, minjaala, boraatii, barcuma, mooyyeefi kan kana fakkaataniidha.







Ogummaan hojii sibiilaas wantoota sibiilarraa hojjataman dabalata. Fakkeenyaaf, faayaa mormaa, harkaafi qubaa, albee, qottoofi kan kana fakkaataniidha.

PDF Compressor Free Version



Gogaa irraas meeshaaleen hojjetaman nijiru.

Fakkeenyaaf, caaccuu, gaachanaa, itillee, teepha,

qalqalloofi mi'a fardaa kan akka teemsaa kooraa, fuuloo, qomoofi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.



PDF Compressor Free Version

## Gilgaala 1.

Meeshaalee asii gadii kana argitanii beektuu? Maalirraa akka hojjataman barsiisaa/tuu keetti himi.

**Fakkeenyaaf,**

A. hubboodha, innis biyyee suphee irra hojjetame.

A 

B 

C 

D 

E 

F 

G 

H 

PDF Compressor Free Version

## Gilgaala 2

Uffata aadaa asii gadii kana bifa isaa himi.












PDF Compressor Free Version

## Gilgaala 3

Meeshaalee asii gadii kana argitanii beektuu? Maalirraa akka hojjataman barsiisaa/tuu keetti himi.

**Fakkeenyaaf,**


A. qabee, innis migiraan hodhamteefi gogaan samsaamti.

A 

B 


C 

D 

E 

F 

G 

H 

PDF Compressor Free Version

## 3.1.2 Faaruufi Tapha

**Nuti aadaa bareedaa qabna.**

**Fakkeenyaaf,Faaruu Loonii**



Loowwan ya saawwakoo hoo..
Dansaadha yaannikoo hoo..
Hora dhaqaa dhugaa hoo...
Marga jiidhaa dheedaa hoo..



Aduun dhi'a geettee hoo..
Jabbiin mammarrattee hoo..

PDF Compressor Free Version

Kormis dura bu'ee hoo....

Garaan na beela'ee hoo...



Dallaan mimmijaa'ee hoo..

Beenaa mana gallaa hoo..

Horaa nagaan bulaa hoo..3x

PDF Compressor Free Version

# a. Faaruu Ijoollummaa

## Gaaffii hubannoo

Faaruu ijoollummaa faarsitee beektaa?



Kottaa kottaa ijoollee
Ni taphannaa baay'ee
Lammata ijoollummaan
Deebi'ee hindhufuu
Ijoollummaa koo 2x
Dammaafi aannankoo



PDF Compressor Free Version

## b. Tapha ijoollee

### Binoo bineentii

Binoon tapha ijoolleen taphatamuudha. Tapha kana keessatti kan gaafatu "Binoo bineentii" yemmuu jedhu, kan deebisu "Bineentii" jedha. Tapha kana keessaatti ariitiin murteessaadha. Ariitiin yeroo taphatan namni gaafatamu sun wanta nyaatamu himuu qaba. Yoo wanta hin nyaatamne maqaan dhahame itti kolfama. yemmuu ijoolleen binoo taphatan wanta nyaatamuufi hin nyaatamne sana adda baafachuu danda'uu qabu.

Tapha asii gadii akka fakkeenyaatti taphadhaa.

Gaafataa: Binoo bineentii

Deebisaa: Bineenti

Gaafataa: Maalfaa?

Deebisaa: Waraabessa



PDF Compressor Free Version

Gaafataa: Maalfaa?

Deebisaa: Saree



Gaafataa: Maal nyaatta?

Deebisaa: Hantuuta



Gaafataa: Maalfaa ?

Deebisaa: Re'ee



Gaafataa: Maalfaa?

Deebisaa: Adurree



Gaafataa: Maalfaa?

Deebisaa: Jaldeessa



Gaafataa: Maal nyaatta?

Deebisaa: Harree




## Shaakala 7.

1. Tapha ijoollee naannoo keessanitti beektan taphadhaa.

PDF Compressor Free Version

# 3.1. 3.Oduu durii

## Allaattiifi Qocaa



Sheekkoo Allaattiifi Qocaa bineensotni hedduun irratti hirmaachuun isinitti himu.

### Seenessitoota lameen







Huummoofi Qocaa



Qocaafi Arraagessa

PDF Compressor Free Version



Cilalluu



Gugee/ Handarii



Illeentii



Simbira












PDF Compressor Free Version















PDF Compressor Free Version








(Simbirri ni dhufti.  Qocaan ishee laaltee ajaa'ibsiifatti)







PDF Compressor Free Version

Lakkii waan akkasii irratti sin gargaaruu



(Huummoon ni dhufa.)





Hummoo-Hummoo akkan gara hawaatti balali'uuf na gargaari



Lakkii ati baayyee waan ulfaattuuf si gargaaruu hin danda'u

(Huummoon dhiisee deema)

PDF Compressor Free Version

## Itti aanee Gugee/Handariin nidhufti










## (Gugeen/ Handariin dhiistee deemti)

## (Arraageessi nidhufa)



PDF Compressor Free Version











PDF Compressor Free Version













(Arraageessi Qocaa lafatti gad lakkisee deeme. qocaan baayyee miidhamee boo'e)



# 3.1.2 Hibboo

PDF Compressor Free Version




1. Afaan banatee nama ilaala= Huubboo




2. Ganama argee galgala dhabe= Fixeensa



PDF Compressor Free Version

3. Lafarra kaatti Saree fakkaatti= Sardiidoo



4. Jiraa du'aa baatu, du'aa jiraa baatu=

Fardaafi Kooraa



5. Yoo nyaate ni fayya; yoo dhuge ni du'a= Ibidda





6. Lafee hin qabu ija hin dhabu= Biddeen



## Shaakala 1

Hibboo naannoo keessanitti beekamu hiriyoota keessan waliin taphadhaa.

PDF Compressor Free Version

# 3.2 Halluu Naannoo

Halluu naannoo jechuun halluu uumamaafi nam-tolchee naannoo keenyatti argamu jechuudha.


Fakkeenyaaf,

## 3.2.1 Halluu ilillii/abaaboo adda addaa



**Shaakala 2**

Fakkiilee asii gadii dabtara kee irratti kaasuun akka fakkii jalqabaatti dibi.



## 3.2.2 Halluuwwan Fuduraaleefi Kuduraalee

PDF Compressor Free Version














PDF Compressor Free Version

## Shaakala 3

Fakkiilee asii gadii kana dabtara kee irratti kaasuun akka fakkii jalqabaatti dibi.




PDF Compressor Free Version

# 3.2.3 Halluuwwan Beelladootaa







PDF Compressor Free Version

## 1. Halluu Alaabaa Abbaa Gadaafi Naannoo Oromiyaa



Alaabaa Abbaa Gadaa





Alaabaa Naannoo Oromiyaa

PDF Compressor Free Version

## Shaakala 4

Fakkiiwwan asii gadii dabtara kee irratti kaasuun halluu barbaadde dibi.



PDF Compressor Free Version

# Barannoo 4

# Hawwattummaa Og-aartiiwwanii

## 4. Taateewwan Aadaa Dinqisiifachuu

### 4.1. Faaruu Maatiifi Shubbisa

**Gocha 1**

1. Faaruuwwan hanga ammaatti barattan keessaa kamfaa yaadattu?
2. Faaruu beektaan keessaa tokko dareef faarsaa.

**Gocha 2**

Faaruwwan hanga ammaatti barattan shubbisa waliin agarsiisuu dandeessuu? Lama filachuun shaakaluun daree keessatti taphachuun agarsiisaa.



PDF Compressor Free Version

## Gocha 3

Faaruu hanga ammaatti beektu keessaa kan caalaatti dinqisiifattu hiriyaakeetti himi.



Faaruu yeroo raajeffattan qabxiilee afran asiin gadii yaadadhaa.

1. Jaallatamuu qaba
2. Ergaa gaarii qabaachuu qaba
3. Kan namatti toluufi
4. Kan hinirraanfatamne ta'uu qaba

PDF Compressor Free Version

# 4.2 Gahee maatii bifa diraamaan ibsuu

## 4.2.1 Gahee maatiin taatee irreechaa irratti qaban agarsiisuu

Xiyyeeffannoon barannoo kanaa inni guddaan taateewwan aadaa raajeffachuu waan ta'eef, gahee maatii tapachuun waa'ee aadaa keessanii akka barattaniif kan isin gargaarudha. Isinis, haala asii gadiin maatii bakka bu'uun qophii irreechaaf taasifamu taphadhaa.



Ganama ijoolleen yeroo hirribarraa kaatee ija sukkuummataa gad-baatu haatiifi abbaan uffannaa aadaan faayamanii coqorsa harkatti qabatanii argu.

PDF Compressor Free Version



PDF Compressor Free Version






(Warri ollaa dhiiraa dhalaan ni dhufu)



PDF Compressor Free Version

Dubartoonni dura dursanii **mareehoo** faarfataa yoo deeman, warri dhiiraa duubaan goranii "Gabbisayyoo" jechaa gara malkaa bu'u.



## Shaakala

1. Taateewwan aadaa naannoo keessanitti gaggeeffamu qooda fudhachuun taphadhaa.

PDF Compressor Free Version

# 4.3 Fakkii Maatii

## 4.3.2 Miseensota Maatii Fakkiin




Maatiin waliin nyaataa jiru



Miseensonni maatii hojii mana keessaa walgargaaru

PDF Compressor Free Version



Maatiin yeroo hojii adda addaa hojjetu




Maatiin qophii sirna kabajuuf uffata aadaan faaya'anii

PDF Compressor Free Version



Yeroo maatiin ayyaana irreechaa kabaajuuf deeman



Maanguddoo muka jala taa'ee oduu durii ijoollee barsiisu.

PDF Compressor Free Version



Yeroo maatiin seenaa ijoolleetti himan

PDF Compressor Free Version

# Barannoo 5

# Hidhata Og-aartiiwwanii

## 5.1 Faaruu gareen faarsuun dandeettii sagalee uumamaa ofii guddifachuu

### 5.1.1 Faaruu Biyyaa

**Gaaffii hubannoo**

Faaruu biyyaa beektuu?



Oromiyaa Oromiyaa haadha seenaa guddaa

Handhuura Oromootaa galma sirna gadaa

PDF Compressor Free Version

Dachee heeraafi seeraa haadha caffee odaa
Badhaatuu gabbattuu margarsituu hundaa
Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee
Wareegama qaalii alaabaakee ol qabnee

Gammannee gammadi bokkuu deebifannee
Nagaafi dimokiraasii tabaroo namummaa
Misooma amansiisaa guddina atattamaa
Ummattootaa wajjin jaalalaafi tokkummaa
Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa
Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu
Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu.

## Faaruu Lakkoofsaafi Ji'ootaa

**Gaaffii hubannoo**

Faaruu lakkoofsaafi ji'ootaa yeroo faarfamu televiziyoona/raadiiyoo irraa dhageessee beektaa?

Lakkoofsa keenya lakkaa'uu dandeessuu?

Eyyee dandeenya

PDF Compressor Free Version




30...40....50...60...70...80...90...100.

Baatilee waggaa jechuu dandeessuu?

Eyyee dandeenya.

Fulbaana, Onkoloolessa

Sadaasa , Mudde, ......jarreen kanaa.

PDF Compressor Free Version

# Tapha Tokkeen Maalii

## Gaaffii hubannoo

Tokkeen maali jettee taphattee beektaa?



Tokkeen maali? Tokkeen tokkichuma

Lama maali ? Lamaan mucha re'ee

Sadii maali ? Sadan sussummanii

Afur maali ? Afran mucha sa'aa

Shan maali ? Shanan quba harka

Ja'a maali ? Ja'an jabbii qaraxaa

PDF Compressor Free Version

Torba maali ? Torban naannoo sanbataa

Saddet maali? Saddet dhala leencaa

Sagal maali ? saglan yaa'ii booranaa

Kudhan maali ? Kurnan boolla saddeeqaa.

## Faaruu kubbaa babbareedduu





Kubbaa babbareedduu sagalin qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan saddettu hafaa

Kubbaa babbareedduu saddeetin qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan torbatu hafaa

PDF Compressor Free Version

Kubbaa babbareedduu torba nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan ja'atu hafaa

Kubbaa babbareedduu ja'a nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan shantu naa hafaa

Kubbaa babbareedduu shan nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan afurtu hafaa

Kubbaa babbareedduu afur nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan sadiitu hafaa

Kubbaa babbareedduu sadii nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan lamatu hafaa

Kubbaa babbareedduu lama nan qabaa

Tokko keessaa dhiitnaan tokkutu hafaa

Kubbaa bareedduushee tokko nan qabaa

Ishees akka hindhabneef <u>cimseen eeggadhaa 2x</u>



PDF Compressor Free Version

# Faaruu Beeyladootaa Faarsuu



Beelladoonni nifaarsuu

Sagalee isaanii baasuu 2x

Adurreen ni nyaawwistii

Nyaaw nyaaw jettii

Yoo fetes nishubbistii



Beelladoonni nifaarsuu

Sagalee isaanii baasuu 2x

Sareenis nidutti

PDF Compressor Free Version

Wu wu wu jettii
Lafees niqorqitii

## Faaruu Qulqullina Eeggachuu



Yeroo hundaa ganama yoo kaanu
Jalqaba mana fincaanii haadeemnu 2x
Harka keenya fuula keenya
Saamunaadhaan nidhiqanna
Ilkaan keenya niriganna 2x
Ciree keenya akka nyaannuuf
Harka keenya nidhiqanna 2x
Mana barumsaa nideemna
Yeroo hundaa kana niraawwanna 2x

PDF Compressor Free Version

Dad'imman faaruulee garagaraa yeroo faarsan dandeettiin sagalee baasuu isaanii ni cima. Sanuma bu'uureffachuunis faaruu jaallatamuufi raajeffatamuu qabu hubannoo adda baafachuu qabaatu.

PDF Compressor Free Version

# 5.2 Gareen gahee taphachuu




Boqonnaa kana keessatti haaluma kanaan dura baratteen bartapheen gahee keessanii akka itti aanutti barreeffamee jira. Barreeffama kana irratti hundaa'uun yeroo bal'aa fayyadamuun shaakalaa!

Fakkeenyaaf daa'imni gahee barsiisaa/tuu taphatu/ttu haala uffannaa isaa/shee, daawitii ijaa, boronqii, haxooftuufi firiimbii qabachuun barattoonni gara dareetti akka galaniif waamuun jalqabi.

PDF Compressor Free Version

## 5.3. Hariiroo Walittidhufeenyaafi Hojiirra Oolmaa Iddoo Seena Qabeessa

Oromiyaan iddoo seena qabeessa baay'ee qabdi. Isaanis:

### 1. Masaraa Kumsaa Morodaa

Masaraan kun magaala Naqamtee keessatti argama.

### 2. Masaraa Abbaa Jifaar

Masaraan kun magaala Jimmaa keessatti argama.

### 3. Dirree sheek Huseen

Dirreen sheek Huseen Baalee Aanaa Gololchaatti argama

### 4. Dallaa Jogol

Dallaan Jogol magaalaa Harar keessatti argama.

PDF Compressor Free Version

## 5. Siidaa Calanqoo

Siidaan Calanqoo Harargee bahaa magaalaa Calanqoo irraa km 3 irratti argama.

## 6. Siidaa Aanolee

Siidaan Aanolee Arsii magaalaa Itayyaa irraa km 10 irratti argama.

## 7. Galma Abbaa Muudaa

Galmi Abbaa Muudaa bulchiinsa magaalaa Bishooftuu keessatti argama.

PDF Compressor Free Version



Masaraa Kumsaa Morodaa



Masaraa Abbaa Jifaar



Dirree sheek Huseen



Dallaa Jogol



Siidaa Calanqoo



Siidaa Aanolee



Galma Abbaa Muudaa

PDF Compressor Free Version



**Barsiisaa/tuu:** ( firiimbii afuufuun) gara dareetti seenaa

Barattoonni erga dareetti galanii booda.



**Barsiisaa/tuu:** Leencoo dabtarakee maaliif hin baastu?

PDF Compressor Free Version




**Leencoo:** mana jira barsiistuu

## Barataan hundi ni kolfa



**Barsiisaa/tuu:** kaleessa **waa'ee iddoo seenaa qabeessa Oromiyaa** barannee turre. Mee har'a irra deebinee wal haa yaadachiisnu? Ani isiniifan eegala. Isin immoo garee, garee keessaniin waliif deebisaa.

PDF Compressor Free Version



Barsiisaa/tuu: Oromiyaa naannofnaa2x

**Garee 1: Iddoo seena qabeessaa muraasa daawwannaa**

Barsiisaa/tuu: Wallaggarraa jalqabna

**Garee 2: Masaraa Kumsaa Morodaa daawwanna**



PDF Compressor Free Version

## Barsiisaa/tuu: Achumaan Jimmatti gadi buunaa

## Garee 1: Masaraa Abbaa Jifaar daawwannaa



## Barsiisaa/tuu: gaara Arsiitti ceenee

## Garee 2: Siidaa Aanolee Daawwannaa



PDF Compressor Free Version

## Barsiisaa/tuu: Baalee, Baaliyyoo dhaqnaa

## Garee 1:Dirree Sheek Huseen daawwannaa



## Barsiisaa/tuu:Harargee biyya jaalalaa deemna

## Barattoonni hundi: Siidaa Calanqoo daawwanna



PDF Compressor Free Version

## Barattoonni hundi: achumaan haraar buunee Jagoliinis dawwannaa



PDF Compressor Free Version

# Faaruu iddoo seena qabeessaa



Nutis hedduu qabnaa
Iddoo seenaawwanii
Ifatti mullifnaa
Tokko tokko isaanii

Kan kumsaa Morodaa
Kan abbaa Jifaarii
Dirree sheek Huseeniifi
Siidaawwan Calanqoo

Seenaa hedduu qabnaa
Dhaloota hubachifnaa 2x